"Achieving consensus on the science of food regulations and legislation to ensure the global availability of safe and wholesome food products for all consumers"

"Seerotaafi labsiiwwan saayinsaawaa waliigalteerra gahuun nyaata nagayaafi gabbisaa ummata addunyaa maraaf dhiheesuuf gargaara"

Miidiyaa kana qunnamuuf: Garee Sub-qunnamtii KWA dubbisaa
communications@globalharmonization.net

BATALUMATTI KAN BA'U

EESSATTUU HAA UUMAMU, RAKKOO NAGEENYA NYAATAA HAMAA GABAASUU DHIISUUN DHIIFAMA HINQABU.

Toorri interneetaa gabaasni rakkoo nageenya nyaataa itti ergamuu kuni afaanota lakkoofsa isaanii dabalaa jiruun dhihaachuun isaa, namootni warshaalee nyaataafi dhugaatii keessa hojjetan hundi biiya kamirraayuu haala iccitoomaa ta'een osoo isaanirratti hinbeekamin odeeffannoo akka ergan isaan gargaara.

Viyeenaa, Oostriyaatti, Mudde 1, 2021 – Kaka'umsi Walsimsiisuu Addunyaa (KWA) toorri interneetaa gabaasa rakkoo nageenya nyaataa itti ergamuu afaanota 30 oliin dhihaachu isaa gamachuun ibsa. Kunis kan argamu hidhata kanaani: https://whistle.globalharmonization.net yoo ta'u, namni kamuu, biyya kamirraayuu warshaalee nyaataafi dhugaatii keessa dalaguun fayyadamuu danda'a.

Hamma ammaatti sirni rakkoon nageenya nyaataa akka guutuu addunyaatti iccitiidahaan itti gabaafamu jiraatee hinbeeku. Yakkamtoota nyaata gaarii hintaane dhiheessan too'achuuf jecha Kaka'umsi Walsimsiisu Adunyaa Hagayya 2021 irraa eegalee yeroo duraatiif toora gabaasii yaaddoo nageenya nyaataa itti ergamu baneera. Inni dura Afaan Ingiliffaatiin baname, ammaan tana afaanota 30 oliin dhihaataa jira.

Ammaan booda balaa nageenya nyaataa hamaa ummata miidhan, kan dhukkuba fidan ykn lubbuu dabarsuu danda'an osoo hingabaasin hafuuf dhiifamni hinjiru. Kanaafu, namoota warshaalee nyaatafi dhugaatii addunyaa kamuu keessa dalagan hundi yaaddoo nageenya nyaataa akka gabaasan jajjabeessina.

Omisha nyaataa bakka hojii keessanitti omishamu maatiin keessan akka itti fayyadaman ni eeyyamtuu? Yoo kan dhorkitan ta'e maaliifi? Omishichi namoota nyaatan irratti rakkoo fayyaa fidaa? Akkas taanan, balaa kana haala iccitoomaan amma gabaasuuf karaa qabdu.

Toorri interneetii gabaasaa afaanota hedduu kuni assist argama: https://whistle.globalharmonization.net/. Abbaan fedhe taatee gabaasuuf barbaada taanan gabaasni isaa iccitii ta'uu isaa, hojjettoonni KWAtuu beekuu akka hindadeenye mirkaneefachuu qabu. Kunis kan godhame eenyummaa namoota odeeffannoo kenanii haalan eegufi.

Akka gaafiiwwan yeroo baay'ee ka'an jalatti ibsametti, tooftaaleen namoota odeeffannoo nageenyaa nyaataa kennan kan hordofuu qaban assitti argama:

https://whistle.globalharmonization.net/faq). Kunis kan godhamu namoonni odeeffannoo kennan kuniin warra toora interneetii kennanniitiin akka adda hinbaafamneefi. Fakkeenyaf meeshaalee elektroonikaa dhaabbata isin hajjesiisuu gabaasuuf itti hinfayyadaminaa; Iyyaafata interneetii isa maqaafi bakka keessan hinibsine "incognito" qofatti dhimma bahaa; akkasumas, odeeffannoo eenyumaa keessan hin ibsineetti qofa galchaa. Tooftaa Kanaan eenyummaan keessan haalaan akka tiksamu beekuu dandeessu.

"Achieving consensus on the science of food regulations and legislation to ensure the global availability of safe and wholesome food products for all consumers"

"Seerotaafi labsiiwwan saayinsaawaa waliigalteerra gahuun nyaata nagayaafi gabbisaa ummata addunyaa maraaf dhiheesuuf gargaara"

Facebook: GHI4FoodSafety **Twitter:** @GHI4FoodSafety **LinkedIn:** global-harmonization-initiative

###